www.BibleForChildren.org

Wongeela Maatewoosii 26



Jila Irra Dabaramaatiif guyyaan jaan hafeeruun, Yesuus addee Alaazariin inni du'aa kaase le'u, Bitaaniyaa dhaqe. Achiin duuba Maariyaam fiqiree gatii guddo'oo ta Naardoos qofa irraa hujante ta litirii takkaa hidha geettu fuutee, miila Yesuusii lamaanittuu naxxee, rifeensa mataa ifiitiin haxxe. Fiqqeessi fiqire'ee mana duudii guute.

Achiin duuba Yihudaan nami biyya Keriyootii barattoota kudhanii lamaan keessaa tokko ka te'e, Yesuus dabarsee kenniisaaf gara sooreyyii hayyootaa dhaqe. Isaan waan kana yennaa dhage'ane, gammadanee, beesee isaa kenniisaaf addachiisane. Maarre Yihudaan Yesuus dabarsee kenniisaaf yennaa dagu'uu barbaadate.

Barattooti akkuma Yesuus isaan ajaje, sagalee Jila Irra Dabaramaa qopheessane. Isaan adoo nyaatiisatti jiranuu, Yesuus xaltaa daabbo'oo fuudhee, Waaqaaf galata galchee, barattootaaf kennee, «Fudhadha'aa, nyaadha'a; kun foon kiyya» jedhe.



Inni muduunuulle fuudhee, Waaqaaf galata galcheen duuba, isaaniif kennee, «Isin martinuu, itti una'a; kun dhiiga kiyya, ka Gondooroo haareyaa, ka araara cubbuu kolbaa heddu'uutiif dhangala'e.»

Yesuus, «Simoon, Simoon, dhage'i! Seexanni isin maraa akka qamadi'ii wobansiisaaf gaafateera. Ani ammoo dhugeeffannaan teeti akka hin banne si'iif daadimadheera. Atille yennaa gara kiyya deebite, obboleeyyan teeti jajjabeessi!» jedhe. Pheexroos ammoo, «Gootta'a, ani si woliin gara mana hidha'aa dhaqiisaa fi du'iisaafille qophoweera» jedhe.

Yesuus deebisee, «Pheexroos, ani sitti hima, edanuma adoo lukkuun hin iyyin yennaa sadiin si hin beeku jettee na hin mormatta» jedheen.

Achiin duuba Yesuus barattoota ifii woliin gara addee Getesemaanee jedhantuu dhaqe; inni barattoota ifiitiin, «Haga ani achi dhaqee daadimadhu, isin as tee'a'a!» jedheen.

Yesuus haga
diqqoo irraa hiiqee lafatti
jigee, yoo dande'ame
yennaan rakkinnaa sun
akka isa irra dabartu,
«Abbaa kiyya wonni mara
si'iif hin dande'ama;
muduunuu rakkinnaa kana
na irraa dabarsi! Ammoo
akka fedha keetii teetuu
malee, akka fedha kiyyaa
hin te'in» jedhee daadimate.

Maarre Yihudaan loltoota worra Rooma'aa, eeddota Galma Waaqaa ka sooreyyii hayyootaatiin ergamanee fi Fariisaayota guuratee gara addee oorru'uu san dhaqe; isaan meya woraanaa hidhatanee faanosi'ii fi xassaa qabataneeran. Isaan keessaa tokkochi, tajaajilaa hayyicha gudda'aa dhowee, gurra middaa irraa kute. Yesuus ammoo, «Lakkisa'a! Tun hin dabalamin» jedhee gurra namichaa qaqqabee fayyise.



Achiin duuba Yesuus qabanee, fuudhanee deemanee gara mana hayyicha gudda'aa geessane. Pheexroos ammoo fagaatee isa hordofe. Yennaa isaan badhinna dalleyaa wodhakka'atti ibidda gabbisanee wolitti dacha'anee tee'ane, Pheexroosille isaan woliin tee'e.

Garboota hayyicha gudda'aa keessaa tokko, firri namicha Pheexroos gurra irraa kutee, «Isa woliin oorruu keessatti ani si hin dhagginee?» jedhee isa gaafate. Pheexroos ammalle mormate; yoosuma lukkuun iyyite. Achiin duuba Pheexroos Jecha Gootta'aa, ka duri inni isaan, “Edanuma adoo lukkuun hin iyyin yennaa sadiin ana hin mormatta” jedhe qaabbatee, gad bayee laaleffatee bowe.



Achiin duuba worri kora murti'ii san keessa jiranu duudiin ol ka'anee, Yesuus Philaaxoos dura dhikeessane. Philaaxoos, «Mootiin Yihudootaa si'ii?» jedhee isa gaafate. Yesuus deebisee, «Maarre atuu jette» jedhe. Philaaxoos Yesuus hiikiisaaf fedhee, ammalle gumi'iin dubbate. Isaan

ammoo, «Isa fannisi! Isa

fannisi!» jedhanee ittuma hogisane.



Achiin duuba Philaaxoos akka Yesuus fannifamuuf dabarsee isaanitti isa kenne. Isaanille Yesuus fuudhanee deemane. Achiin duuba Yesuus fannoo ifii ba'atee, gara addee, «Buqqii mata'aa» yookiin afaan Ibrootaatiin, «Golgootaa» jedhantu dhaqe.



Isaan achitti isa fannisane; namoota dhibiille lamaan, maddii maddi'itti, Yesuus wodhakkaa isaaniititti fannisane.



Orraa gara saatii jaatitti aduun ifa waan dhaddeef, latti duudiin dukkanoottee, haga saatii sagalii turte. Gollaan Galma Waaqaalle addee lamatti tarsa'e. Yesuus qoonqoo guddo'oon, «Abbaa kiyya,
ani ayyaana kiyya harka
keetitti kennadha!» jedhe.
Inni kana jedhee du'e.



Yoseefiin qachaa Armaatiya'aa ka miseensa kora murtii Yihudootaa keessatti ulfaata'aa fi dhufa mootummaa Waaqaa eegatiisatti jiru dhufee, gadhaa jabeennaan Philaaxoos dura dhikaatee reeffa Yesuusii akka isaa kennuuf



gaafate. Yoseef woyaa qoola bitee reeffa Yesuusii fannoo irraa buusee, itti maree, boolla awwaalaa ka dhakaa keessatti bocamee qophoweerutti awwaale. Achiin duuba dhakaa guddaa gangalchee afaan boollaa duuche.

Boruyyaa, guyyaa qophi'iitiin duuba,
guyyaa Sanbataa sooreyyii
hayyootaatii fi Fariisaayoti
Philaaxoos duratti wolitti
qabamanee, «Gootta'a,
sobaalessi sun adoo
jiruu, ‹Guyyaa sadiin
duuba deebi'ee
ka'a› waan inni
jedhe nuuti
hin qaabanna.»

«Maarre isaan worra eegu woliin dhaqanee dhaka'atti chaappaa dhowanee, goda awwaalaa san eegisiisane.»




Sanbati dabareen duuba, Dilbata barii halkaniin, Maariyaamiin qachaa magdala'aatii fi Maariyaamiin tuun boolla awwaalaa ilaaliisaaf dhaqane. Ergamaan Gootta'aa ol-gubbaa irraa gad bu'ee, dhufee dhakaa boolla
awwaalaa irraa gangalchee waan irra tee'eef, dedhuma tacho'i lafaa guddaan te'e.

Worri eegu ergamaa Gootta'aa waan sodaateef hollatanee akka nama du'ee te'ane.


Ergamaan Gootta'aa ammoo dubartootaan, «Hin sodaatina'a; isin ka fannifame Yesuus akka barbaaddanu ani hin beeka. Inni as hin jiru; akkuma duraan dubbate du'aa ka'eera. Addee reeffi isaa keyame
kowa'aa ilaala'a.»

Maarre dubartooti soda'aa fi gammada gudda'aan ariifatanee boolla awwaalaa keessaa bayanee, barattoota isaatitti himiisaaf rukkisane. Dedhuma Yesuus isaaniin wolde'ee, «Nageenni isiniif te'u!» isaaniin jedhe. Isaanille itti hiiqanee, miila isaa

qabatanee,
isaaf sagadane.

Eegii san Yesuus, barattooti kudhanii tokko adoo areerratiisatti jiranuu itti mudhate. Sababa isaan dhugeeffannaa dhabanee fi worra du'aa ka'iisa isaa dhaggane dhugeeffatiisa dhabiisaan mataa jabaataneef, inni isaan dheekkame. Goottaan Yesuus isaan woliin dubbateen duuba, gara ol-gubba'aa fudhatamee, mogguu midda Waaqaatitti tee'e.

Nami isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf Ilma ifii tokkochuma san kenne.

Worra Rooma'aa 3:23 Nami martinuu cubbuu hujeera; ulfinni Waaqaalle irraa dhidhateera.

Worra Rooma'aa 6:23 Gatiin cubbu'uu du'a; kennansi Waaqaa ammoo karaa Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin jiruu bara baraa ti.

Ibroota 9:27 Nami mara akka du'uu fi achiin duuba mura'aaf akka dhikaatu murtayeera.

Worra Efesoonii 2:8,9 Isin badhaadha Waaqaatiin karaa dhugeeffanna'aatiin fayyitane malee, hujii teessaniinii moti; isiin tun kennaa Waaqaa ti. Akka nami tokkolle ittiin ifi hin jajne, huji'iinii moti.

Worra Rooma'aa 10:9,10 Yesuus Goottaa akka te'e, afaan keetiin yoo dhugaa baate, Waaqi du'a keessaa akka isa kaaselle, gadhaa keessatti yoo dhugeeffatte, ati hin fayyita.

Nami gadhaa keessatti dhugeeffatee balchooma; afaaniin dhugaa bayee fayya.

Wongeela Yohaannisii 3:16,17 Nami isatti dhugeeffatu maraa jiruu bara baraa akka qabaatu malee akka hin banneef, Waaqi biyya lafaa guddoo waan jaalatuuf Ilma ifii tokkochuma san kenne. Biyya lafaa karaa isaatiin akka fayyisuuf malee, akka itti muruuf Waaqi Ilma ifii gara biyya lafaa hin ergine.

1 Wongeela Yohaannisii 5:11-13 Dhugaan inni baye tana: Waaqi jiruu bara baraa nu'uuf kenneera, jiruun tun Ilma isaa keessa jirti. Nami Ilma Waaqaa qabu jiruu qaba; nami Ilma Waaqaa hin qanne jiruu hin qabu. Isin worri maqaa Ilma Waaqaatitti dhugeeffattanu, jiruu bara baraa akka qaddanu akka beettanuuf, ani tana mara isiniif barreessa.

Wongeela Maatewoosii 26-28;
Wongeela Luqaasii 22-24;
Wongeela Yohaannisii 13-21

Storyline by: Edward D. Hughes

Illustrated by: Janie Forest
and Alastair Paterson

Adapted by: Lyn Doerksen

Oromo Borana Arsi Guji Bible (gax) The Word for the World International and Bible Society of Ethiopia

https://www.bible.com/en-GB/bible/3176/MAT.1.GAXNT

©2026 Bible for Children, Inc.
www.M1914.org www.bibleforchildren.org